# 24. HAYYICHA DAUDI

**1 & 2 Samueli, esp. 1 Samueli 16, 17 and 2 Samueli 6, 7, 11, 12**

Eegi Waaqi Saulo akka hayyuu didee, inni Samuelii lafa Bethlehemuu gara namicha Jesse jed'ani erge, akka ilmaan isa sadeeti keessa tokko hayyuu tolchu. Samueliin waan Waaqi ilmaan isa gugurdo jajajabdu filatu sehe, ammo Waaqi, "Hiyyo, nami ala laala ammo Gooftan onne laala" jed'eeni. Waaqi much'aa maad'iicha kha inni tissa oliyee kha maqaan Daudi jed'an filate. Samuelini much'aa maand'icha suni oboleeyan isa gugurdo duraati d'ad'aa muude. Hafuuri Waaqa eegi gaafasiiti Daudi gubba jiraate.

Fakkeenni tokko gaafa Daudini, ka inni diqaa, oboleeyan isa ta duula Israeli kees jirtu, gosa Filistiitini woraana woldura ch'iiftu, inni worra laalu deeme. Achiin baanan, namicha gudda, ojja d'eeraa kha maqaan Goliathi jed'an arge, inni worra Israelii gooyesse abaare, sodaafu nami isaan woli had'u fed'u tokolleen hinjiru. Daudini waan kana arge guddo dallane. Inni akka namicha suniin woli had'u herrege. Inni diqeenafu, woraanafi sheeftiin lolu himbaranne, akka Waaqi duraan tikha horii keesati isa qarqaare, bineensa akka nyeecha irra qorqorate jala baase beekhe. Inni Goliathini wolti dufnaan, dakha gulluba kees khaaye ijeeseni, duuba gumi Israelii dabsachaa guddo kenneefi.

Eegi ganna 15, Hayyichi Sauloni, Daudi gudda askartii tolche, ammo jari uwwa faarse, "Sauloon khuma ijeese, ammo Daudiini khuma kudan ijeese!" jed'an. Sauloon eegee Daudi inaafe ijeecha guddo iti game. Ammo Daudin takka Saulo woma hintolchine, Waaqilleen guddo isa qorqorate. Eegi Sauloofi ilmaan isaani woraan keesati duani, durdeemtoti gumii, akkuma Samuelini ganna heddu duraan tolche, Daudii akka hayyu muudani. Daudiini ganna sodomaati gaafa hayyu tahe, ammalle hayyoomi isa ganna afurtama deeme.

Daudini janna woraanati ammo guddo Waaqati abdate. Ato taatellee, Daudiini ch'ubbu gugurdo jireenna isa keesati hojjati, fakeenna, diirsa Bethshebaa ijeese isi waliin algalooma hojjate, ammo araara gale duuba Waaqillen isaa araarame.

Daudiini nyaap'a isa ch'ufa dabsate, Sanduuqa Wold'aqiisa dira gudda Yerusaleemuu fidee. Daudiini Mana Waaqa gudaa Waaqaa ijaaru fed'ee. Ammo Waaqi kara Nathaniitini Daudii d'aamsa iti erge, "Waan harki kanke d'iiga qabuufi, atin mana naa inijaarini, ammo much'aa kankeetiti mana naa ijaara. Anin ammo sii kakhad'a, **ilmi barchuma kanke irra hind'abamu, mootumaan tante haga jiru jireenna deemti."**

Daudiini Waaqa guddise marro kakhuu isaatifi. Aton inni ch'ubbicha tahellee kha toli eeba Waaqa feesiseefi, inni kha akka onne Waaqa tahe (1 Samueli 13:14). Daudiini ammalle, faaru Waaqan guddisan, ta Dubbi Waaqa kees jirtu, heddu t'aafe.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati gaafa atini guyyuma qaraa nama garte qalbi tante keesati isa qorte, kha eege akka wonti sunin wolaala argite. Atin maafi, akka wonti sunini hintain garte?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
    - Inni Saulo dide Daudii akka hayyuu filate.
    - Inni Daudi diqaa akka inni Goliathi dabsatu qarqaare. Inni akka Israeliini nyaapa isii dabsatu qarqaare.
    - Inni Daudii qorqorate akka Hayyichi Sauloon inijeemne.
    - Inni Daudi janna woraana tolche.
    - Inni akka Daudiini Sanduuqa wold'aqiisa Yerusalemuuti deebisu qarqaare.

- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
    - Inni onne Daudii imbeekhe. Oboleeyan isa gugurdo jajajabdu keessa, isa filate.
    - Inni ch'ubbuu Daudii imbeekhe.
    - Inni akka ilmi Daudii mana isaa ijaaru imbeekhe.
    - Inni akka yochufa ilmi barchuma Daudii irra tauu imbeekhe

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**
    - Inni maati Sauloo kara ijeechatin adaabe.
    - Inni yo Daudi Goliathii dabsachiise suni, maqa isa tissuti jira.
    - Inni akka Daudiini mana isaa ijaaru ineeyamne, waan harki isa d'iiga qabuufi.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau).**
    - Waaqi kha Daudiini diqaa, bineensafi, Goliathifi, ammalle Saulolle irra qorqorate.

- Waaqi Daudii woraana keesaleeti dabsacha kenneefi. Ato inni ch'ubbicha tahellee guddo isaan hojjate.
- Waaqi ch'ubbuu Daudii inaraarameefi.
- Waaqi akka yo ch'ufa ilmi barch'uma Daudii irra taau inkakateefi.
- Waaqi akka Sanduuqi Wold'aqiisa, kha inni argamiisa Waaqa agarsiisu, inni Israeliiti deebise. Duriiyu marro ch'ubbu gumii Israeliitifi Sanduuqi suniini bade.
- Waaqi yo ilma barchuma gubba taau irra dubbatu, inni Baasa gana d'ufu irra dubbachuuti jira kha eegi ilmeen nama Oobru Edeni keesati jidde, Waaqi gumi isaatii kakhachuuti jiru. Baasani kunini kha inni ammalle Hayyicha, sanyii Daudiiti. Tunini naasu Waaqi Daudifi Israeliifi gosa lafa kees jirtu ch'ufa garsiisu garsiifti.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu.**
  - Kakhuun Waaqi Daudii gale akka ilmi isa mana Waaqa ijaaru.
  - Waaqi ammalle akka ilmi Daudii barchuma isa irra taau kakateefi.
  - Waaqi Israelii d'ugeefatame kha Baasa duri Obru Edenii keesati kakhate kha Abrahamulle kakhate armaati irra dubbachuuti jiru. Kakhuuni isa, akka Baasani sanyii Daudii keessa d'ufu.
  - Kakhuun Waaqi gumii Daudi gale akka inni ganna kud'ani shaniin duubati hayyu tahu, ammo inni kakhuu isaa guute, akka Goliathifi Saulollen woma isa hintolchine isa qorqorate.

<u>**What do we learn about MAN in this story?**</u>

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
  - Daudilleeni, kha inni nama akka onne Waaqa jiru, kha inni ammalle Faaru Waaqan guddisan heddu t'aafe ammalle isaa hojjate, wolaala gugurda heddu hojjate- algalooma fi ijeecha fi d'arra hamtuu.
  - Jari Filistii, kha nyaapa Waaqaa, worri guddo hammeenan guutame, ammalle worrii worra Waaqa himbeenne kha waaqota harkaan mid'aasan kad'atuu.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
  - Israeliini dandeette jara Filistii jala ufi imbaamne, ammo Waaqi Daudi baafama worra kennu, woraa kenne.

- Yo Waaqi Daudi hinqarqaarini, sila Goliathin indabsatamu.
- Daudiini wolaala Bethsheba waliin seennan, inni nama qarqaarsa hinqamne tahe (2 Sam 11, 12). Ch'ubbun isa diidati baate, ammo Waaqi isaa araarame.

**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**

- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
  - Daudiini d'ugeefachaan deeme, akka Baasan isaa araarame ammalle isa qarqaaru kad'ate.
  - Eegi Daudiini araara gale, Waaqi isaa araarame.
  - Ato Daudiini hayyu tahellee, inni ch'ubbuu ufirra baasu hindandeenne. Waaqa ch'allaati ch'ubbu isa irra baasu dandae.

**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani:**

- **Pichaan guddoon Hayyicha Daudii, Hayyicha Yeso jed'an kha inni Baasa keenna!**
  - Oduu Hayyicha Yeso tana kara kamiin dandeene gumii teenna ta hayyichii d'ugaa feesisuufi d'iyeesina?
  - Kanisaan kara kamiin dandae Hayyumma Yeso jalaati sarma?
- **Yo gari marro laafinna keenaatifi yokhaan ch'ubbu taanatifi** waan Waaqi nuuni inhojjanne seena? Waaqi oduu tana keessa waan kana maan nu barsiisa?
- Me kitaaba Faaru 32:1-5 keessa **akka ch'ubbuuni nu afaanin inhimmanne nu rakkiftu.** Yo Waaqi kha waan ch'ufa beekhu tahe, kara kamiin ch'ubbun nu isafi nama d'ibi d'offachu iti gamnuu nu rakkifti?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Gaargali** atin jireenna kanke keesati qabdu kha **Goliathi siti tahe jiru sunini** khami? Yeso, kha inni Baasa Waaqi kenneti abdachuuni, kara kamiini akka atini rakko dabsattu si qarqaarti?
- **Ch'ubbuuni nami inhimanne** tamii atini Waaqafi jaalowan teetiti fidachuu malte?
- Jireenna kanke keessati fulaan atini d'ugeefachaan Hayyooma Kristoo jalaati sarmuu malte tami?